

**QAACCEESSA WALDHABBII ASOOSAMA DHEERRAA
GUMAA GALAATEE KEESSATTI**

KAAFAFAALEE HUNDUMAATIIN

GORSTUUN: KURII BAAAY'ISAA (PHD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHII-AARTII AFAAN
OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILORII GAMISAAN GUTTACHUUF
DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLORII KOLEEJJII
NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTA, JOORNAALIISIIMIIFI
QINNAMTIIL, YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

FULBAANA, 2014 A.L.A

ADDIS ABABAA

BAAFATA

QABBIYYEE	FUULA
BAAFATA.....	i
Galata	iii
BOQONNAA TOKKO.....	1
1.1 Ariirrata Qoraannichaa background of the study	1
1.2 ka’umsa qorannichaa.....	2
1.3 .Kaayyoo Qorannichaa (Objective of the study)	2
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	2
1.3.2. Kaayyoo Gooree	2
1.4 .Barbaachisummaa Qorannichaa (Significance of study)	3
1.5 Dangaa Qoraannichaa (delimitation of the study).....	3
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	3
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU	5
2.1 Sakatta’a barruu wal fakkii	5
2.2 Malummaa wal dhabbii	5
2.3 Faayidaa wal diddaa	6
2.4 Gosoota Wal dhabbii Asoosamaa	7
2.4.1 Wal dhabbii keessaa	9
2.4.2 Wal dhabbii Alaa	9
2.4.3 wal dhabbii xiinsammuu.....	9
2.4.4 Wal dhabbii fi nama fi namaa.....	9
2.3.5 Wal dhabbii Uumamaa/Namaa fi Uumaa.....	10
2.4.6 Wal dhabbii Qooddattooni Hawaasa Wajjin Taasisan	10
2.4.7 wal dhabbii Teekilanoojii	11
2.5 Sababoota Wal dhabbii	11
2.6. Amaloota Wal dhabbii Asoosama.....	11
2.6.1 Tokkummaa (Unity)	11
2.6.2 Amamanummaa (Realibility)	12
2.6.3 Dagaagina (Development).....	12
2.7 Sakatta’a Qoranoo wal fakkii.....	12

QAACCEESSA RAGAALEE.....	15
3.1 Ibasaa Gabaabaa seenaa Kitaabichaa.....	15
3.2 Akaakuu wal dhabbii Gumaa Galaatee keessattii Argaman.....	15
3.2.1 Wal dhabbii Xinsammuu Gumaa Galaate.....	16
3.2.2 Wal dhabbii Uumaa fi namaa.....	17
3.2.3 Wal dhabbii Uumamaa fi namaa Asoosama Gumaa Galaate.....	18
3.2.4 Wal diddaa Haawasaafi Nama Dhuunfaa Gumaa Galaate.....	18
3.2.5 Wal dhabbii Nama fi Namaa.....	21
3.2.5.1 Baacaafi Jaalannee.....	21
3.2.5.2 Naataanaan fi Baacaa.....	22
3.2.5.3 Wal dhabbii Jaallaannee fi Ijoollee Mana Baruumsaa Liibaan Maccaa.....	23
3.2.5.4 Wal dhabbii Abdiisaa fi Mootummaa Dargii.....	23
3.2.5.5 Wal dhabbii maatii Obboo Guutuu Ariitii fi Mootummaa Dargii.....	24
BOQONNAA AFUR.....	25
Argannoo, cuunfaa fi Yaada Furmaataa.....	25
4.1 A Rgannoo.....	25
4.2. Cuunfaa.....	26
4.3. Yaada Furmaataa.....	26
Wabiilee.....	27

Galata

Hunda dura jalqabaa uumaako irra kaasee hanga sadarkaa kana ga'utti fayya naaf kan tursiise, gara fuulduraatis kan narraa hinfagaannee uumaa hudaa oliif raabiinni galateeffadha. itti aansuudhaan hojii kana qixa fudhatama qabuun hojjedhee akkan fixaan baasuuf, utuu na hinnuuffiin yeroo mara ka gargaarsa isaanii si'a tokko utuu nabira hinhambisiin yeroo ana gargaaran kan na xumursiisan gorsituu koo barsiiiftuu DR. Kurii baay'isaa galantni ko dachaadha.

Akkasumas gorsaa fi gargaarsa isaanii osoo na bira hin xiqqaa guddaa osoo na hi nuffiin asiin kan ga'aan Obboleessa ko Waaqtolee Hundumaa akkasumas obboloota ko hunduma isaanii galatni ko dangaa hinqabne onneekoraa kan jedhu umurii naaf dheeraa naaf jiraadha jedheen isaaniif hawwa hawwa.

dhuma irratti kan osoo galateeffatan hafuu hindandeenye kan mallaqaan naaf nabira ddhabbatan obolleetti ko Dinqee Hundumaa fi darajjee hundumaa kan gargaaran galanni ko guddaadha.

BOQONNAA TOKKO

1.1 Ariirrata Qoraannichaa background of the study

Oromoon ummata gaanfa afrikaatti argamu keesaa tokko ta'ee, saba bal'aa duudhaa boonsaa qabaatee kan argamudha. Uummannii Oromoo aadaa, seenaa fi Duudaa boonsaa qabature. Adeemsa keessa bara bara 1934tti xaaliyaanoonni biyya itoophiyaa seenuu isaanitiin Afaan oromoo barnoota ta'uu carraa argate akkasumas galmee jechootaa fi barreeffamoonni tokko tokko mul'achuu eegalan. Knaumatti ansee tattafii namoonnii dhuunfaa taassisa obgaruuwan Afaan Oromoo mul'achaa dhufuun sadarkaa amma irra jiru kana qaqqabe. Ogbarruun oromoo kan Ummatichi ogummaa isaatti faayidamuun bifa barrreeffamaan midhaagsee; qindeessee; aadaa safuu fiduudhaan barabaratti darbafatudha. Asaffaa (2009:20); akka ibsetti wantonni ilma namaa afaan; aadaa duudhaa fi seenaa isaatti ibsatu keesaa inni tokko obgaruudha. Akka yaada kana irraa hubannutti Ogbarruun dabrsa aadaa uummaataati. Galmeen jruu fi jireenya dhala namaa kan namoota hubanoo; beekumsa, muxannoo Sadarkaa adda addaa qabanidha.

Ogbarruun barrefamaa qaamoota gurguddoo sadiiti qodama. Feedhasaa (2013:67) akka ibsutti asoosama, “walaloo fi diraamaa jedhamu. Kanneen keessaa asoosamni firiwwan adda addaa qaba: jaargocha (history); namfakkii; (character); wal diddaa (conflict) yomeesa (setting)” w.k.f kaa'ee jira Hojiin kuni wal dhabbiirratti xiyyeeffachuun asoosama “Gumaa Galaate” jedhu xiinxala

Ogbarruun kan duri durii jalbee hanga ammaati muxannoo jiruu fi jirnya saba tokkoo dhalootarraa dhalootatti kan dabarsuudha kun immo umurii dheeraa qabachhun isaa kan nama hubachisuu fi namoonni teeknoolojii barreeffamaa n yaada isaanii ibsuu galmeessanii osoo kaa'uu hin jalqabin dura afaaniin daddarbaa kan turedha. haa ta'u malee ogbarruun oromoo erga afaan oromoo hojii irra oolee obgaruuwan oromoo yeroo ammaa sadarkaa guddaarra akka ga'an gochuuf yaalamaa jira .

Anis kanumarraa ka'uudhaan ogbarruuwan keessaa asoosama gumaa galaate jedhu irratti hundaa'uun hawaasni tokko wal dhabbi akkamii akka ogbarruun kana keessatti agarsiisuu haala gaariin xiinxalee kaa'uun barbaachisaadha.

1.2 ka'umsa qorannichaa

Ogbarruu oromoo ilaalchisuun hanga ammaatti qorannoowwan yeroo garaagaraa tti keessa adeemsifamaa kan turaniifi ammas adeemsifamaa kan jiranidha. qorannoon kunis kallattii adda addaatiin kan adeemsifamu yoota;u argannoowwan garaagaraa kan argamanidha. gosoota ogbarruu keessaa ammo asoosamni isa tokkodha. Innis dhimma ijoo hawwaasa keessa jiru mataduree godhachuun wanta hawaasa sana keessa jiru kan calaqqisiisudha .asoosami firiiwwan garaagaraa kan akka ;jaargocha(history),nam fakkiilee(character), waldiddaa (conflict), yoomessa (setting),fi kkf of keessatti qaba.kanneen keessaa waldiddaa irratti qorannoon baayyee adeemsifamuu baatulle hamma ta'e asoosama tokko tokko irrattii yaadni isaa tuttuqameera.

Haa ta'u malee qorannoowwan sun qofti ga'aadha jennee bira darbuun quubsaa miti .sababni isaas erga qorannoon geggeeffamee as asoosamni yeroo gara yerootti mull'achaa waan jiraniif yeroo kenname duukaa waan deemuu danda'uuf akkasumas,namni mataduree kanarratti xiyyeeffate waan hin jirreefmataduree qaaccessuu fi wal diddaa asoosama dheeraa “gumaa galaate”irratti hojjechuuf ka'umsa guutuun karoofadheera.

Qorannoo kana keessattis gaaffileen deebii argatan kanneen armaan gadiiti:

- Malummaan walddhabii maali?
- Asoosamni tokko walddhabii qabaachuun isaa maaliif fayyada?
- Gosoonni walddhabii asoosama “gumaa galaate”keessatti argamanii maal fa'i?
- Sababoonni walddhabii asoosamichaa maal fa'i? fi k.k.f. ni deebisa jedheen amana .

1.3 .Kaayyoo Qorannichaa (Objective of the study)

Hojiin kamiyyuu yeroo hojjetamu kaayyoo mataa isa qaba.Qorannoon kun kayyoo gooroo fi gooree irratti hundaa'uun kan adeemsifamudha.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon waliigalaa qorannoo kana a inni guddaan yookiin xiyyeeffannaan isaa kitaaba asoosama dheeraa “gumaa galaate”kan jedhu keessatti walddhabii mul'atu xiin xaluudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Sababoota wal dhabii asoosamichaa ibsuu,
- Amaloota walddhabii asoosamichaa gadi baasanii agarsiisuun,
- Faayidaa walddhabii asoosamichaa mul'isuu'
- Gosoota walddhabii achi keessatti argamanii mul'isuu

1.4 .Barbaachisummaa Qorannichaa (Significance of study)

- Qorannoon kun qoratamee yoo xumuramu faayidaa armaan gadii ni qabaata jedhamee amanama.
- Cimina waldiddaa Asoosama Gumaa Galaate hamma tokko ibsuuf yaaluu ‘
- Barreessitoonni odeeffannoo gama walddhabbiin amma argatan hubachiisa .
- Dagaagina ogbarruuwwan afaan oromoo tokko fi iddoo guddaa kan qabuudha
- dhalooni borii maalummaa walddhabbiin amma tokko akka baraniif daan dii ni qabsiisa .

1.5 Dangaa Qoraannichaa (delimitation of the study)

Qorannoo tokko dangeessuunn hojji bu’aa qabeessa fi odeeffannoo gahaa ta’e akka argamsiisuuf gargara. Kanaaf qorannoon kun kan adeemsiifamu xiinxala wal dhabbiin asoosama” Gumaa Galaate” jedhu irratti kan xiyyeffatudha.Sababiin qorannichaa mataa duree kana dangeesseef asoosamichaa keessa kan firriiwwan hunda si’a tokkon qaaceessuuf yeroota’e baajata waan hin danda’amneefidha. Kanaafuu wal dhabbiin asoosamichaa qofaa irratti kan xiyyeffatuudha.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko geggeessu keessatti hanqinalee qoraataan garaagaraa qoraataa tokko ni mudatu Haaluma kanaan adeemsa qorannoo kana geggeessu keessaatti hanqinoonni qorataa kana armaan gadiiti.

Hanqinoota kanneen keessaa inni tokko hanqina yerooti. Yeroon qorannoo kun itti hojjetame, yeroo barnootaa keessa waan ta’eef, gama kanaan hanqinni qoraataa mudatu ta’u malu.Haata’u malee qorannichii yeroo boqonnaa kotti garagaraamee kan jala drbeedhaHanqinni inni biraan immoo, hanqina kitaabilee fi waraqaa qorannoo sadarkaalee barnoota garagaraa irratti hojjetaman ahabamudha. Raakkolee kun kitaabilee Afaan oromoo kanneen mataduree kana irratti ibsa bal’aa kennan baay’inaan dhabudha.Kuniqorannichi qorannoo kana

irratti odeeffannoo akka akka hin argamne kana kan taasise.—Haata’u malee hanqinoonni kanneen kitaabilee argamitti dhimma bahuun qorannoo qorannoo iaa nan geggeessa.

1.7 Malleen Qorannichaa

Qorannoon tokko kan galma gahun, yummuu qoraataan mala jiran keessaa kan nagargara jedhe fi filadheedha. Malli qorannoo tokko kan immoo faayidaa fi bu’aa inni irratti hunda’eti

.Qorannoon kun kan adeemsifame odeeffanoo kitaaboota dubbisuun walitti qabaman irraa kan qaaccesseedha. Kanaaf gosoota qorannoo jiran keessaa qoannoo qululqulleefataatti qululqullaa'a faayyadameera. Qorannoon tokkoo yummuu geggeffamu qaamarratti geggeffamu qaba.Kanaafuu qorannoo kunis kan addemsifamu kitaaba ogbarruu Afaan Oromoo keessaa asoosama dheeraa Gumaa Galaatee jedhurraatti kan xiyyeffate yummuu ta'u, caacculee asoosamaa keessaa immoo wal diddaan kan geggeeffameedha.

Milka'ina qorannoo kanaaf maloonni qorannoo kanaa keessatti hojjirra oolan ga'ee guddaa qabu maloonni kunis amanamummaa fi qabatamummaa qorannichaa kan mirkaneessannidha.Qorannoon waraqaa kanaa qorannaa bu.uuraa ta'ee bifa ibsituutiin kan dhiyaatedha.Maddi ragaa qoannaa kanaa asoosama Gumaa Galaate kitaabilee ogbrruu adda addaa fi toora inteerntaa ti. Malli qaaccessea ragaa kana yaadrimee adda addaa yokaan yaaxinalee adda addaa bu'uureffachuun kan hojjetameedha. Kanaafuu ragaaleen qorannaa kanaa keessatti eeramanhunduu mala yaadrimee kan qacceeffamanidha.

Qorannaan kun boqonlee gargaraa afuritti qodamuu kan dhiyaatedha. Boqonnaa

Boqonnaa sadaffaan kutaa xiinxala hojii kanaa keessaatti keessatti ibsamudha arfaaffaan yokaan kutaan innii dhumaa immoo gundufaaa fi yaada xumuraadha.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

2.1 Sakatta’a barruu wal fakkii

Dhabbiilee barnootaa ol aanootti qorannoowwaan garagaraa keessaa tokkoo qorannoo ulaagaa eebbaaittiin guuttachuuf gaggeeffamudha. Qorannoo kanyaada haaraa maddaisiisu, rakkoo fi hanqina jiru furuuf kan xiyyeeffatudha.. kanaafuu qorannoo haaraan yeroo qoatamu qorannoo isa dura jiru irratti kan kallattii wal fakkaatu ta’uu hin qabu barruu wal fakkii qorannoowwaanii jedhamu beekama.Qoraanoowwaan dhimmaa murasaaf itti wal fakkaachuu danda’anillee ni qabu ta’uu hinqabu, kunis Wal fakkii guutuuma gutuu waan qabneef garaagartummaallee ni qabatu

Fedhasaa, 2013:67/Asoosamni argaa yaada barreessan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessattii kaasee kan mul’isuudha. Mudannoo fi mufannoo namni tokkohaala jiruuf I jireenya keessatti muuxatu mul’isuuf,sammuu barreessaa keesstti kalaqamee waraqaarratti mul’ata .Dubastoonni haala sana irraa muxannoo isaanii yaadatu..

Kanaafuu, asoosamni jiruufi jireenya keessatti namaa kanaa calaqqisiisan jechuudha.Akka yaada kanaatti asoosamni kan barreessaan yokaan kalaqaan tokko tokkoo yaada mata isaattiin gargamee kan haala rawwii hawaasa took jiruu fi jireenya isaanii keessattii rawwtannii fi rawwachaa jiran kan ittiin ibsataniidha.Asoosamni gosa ogbarruu keessaa isaa tokkodha. Isaanis caaculee heduun of keesaa qaba. Kanneenis jaargocha, waldiddaa, namfakkilee ergaa, yomeessa, sabseenaa, ija-seeneessa fi kanfakkatanidha.Qorataan kunis qorannoo isaa caaculee Asoosama kanaa keessaa wal diddaarraatti kaa’ani maal akka ta’e yokkan yaadrimee wal diddaatiif hayyoonnihedduun hiika wal fakkataa kan yaada bu’uuraa tokko qaban lafa ka’u.

2.2 Malummaa wal dhabbi

(Fedhasaan,2013:79) “wal diddaan seenaa asoosamaa keessatti walitti bu’insa namfakkilee gidduutti uumamuudh. Sunnis hayyuuduree fi masaanoota gidduutti kan uumamuudha”.Akkuuma duraan gosoota namfakkii jalatti ilaallee hayyuudureen masanuu qaba.Masanoonni isaas nama qofaa miti.Yaadumtisaa yeroo isaa mormu ni jraata. Kana malees uumama fi seerri aadaa hawasaa inni keessaatti dhalatee fedhii isaa dan gessuuf irraatti qabsa’uu ni jiraata.Dablatani immoo namfakkileen ta’ee jedhanii hojisaa gufachisuuf deeman hin dhibaman.Dimshaashumatti ijaarsa seenaa keessatti wal mormiin namfakkiiwwan gidduutti uumaman wal diddaa yokkan wal dhabbi jedhamu. Wal diddaan dagaagina seenaan gara fuulduraatti demuuf bu’aa guddaa buusa. Wal diddaan lafee dugdaa asoosamati kan jedhameefis kanumaaf ta’uu issaa hin hafu. Wal didaan gosoota gurguddoo

lamatti qoodama wal diddaa keessaa kan namfakileen took sammu isaa wal falmu yommuu ta'u wal diddaan alaa imoo kan nam fakkilee tokko namaa haala nannoosaa wal dhabudha. Wal diddaan caacculee asoosamaa keessaa tokoo ta'ee asoosama keessatti nam fakkileen fedhii dhunfaa isaanii guttachuuf jecha walitti bu'ins isaan gidduutti adeefama. Yaada kana kan deggaru Misganuu(2012:22-25) irratti yeroo ibsu 'hariiroo gidduu isaanitti umamu irraa kan ka'ee fedhii wal fakkatu uumamu yokaan garaagaraab00 warri qaban yoobwalitti bu'an, walitti buinsi gidduu isaanitti uumama. Walitti bunsii kunis wal dhabbiin(conflict) jedhamee waamama". Haaluma kanaan ,wal diddaan addunyaaasoosamaa yokaan hojii kalaqaa keessatti qaamolee garagaraa kanneen fedhii,ilaalcha, fi hubannoo garagaraa qaban wal dhabbiin isaanii gidduutti uumamutu wal diddaa jedhama. Kana malees malummaa wal diddaailaalchisuun, Birhanuu (2009:34) irratti yeroo ibsu"the struggle between two oosing forses create the the story conflict" jedhun ibsa.Akka yaada warrabbii kana irraa hubachuu danada'enyutti , waldhabbiin , wal mormii humnoota fallaa walii ta'a kan seenicha keessatti wal dhaban irraa uumaama.Dabalataanis Malakkneh(2006:206) irratti akkas jchuun ibsa"conflict is the tension in the situations between characher or Oppostion of characters of ususiyy in the the drama and finction is work of literature depends"jedha

Akkuma yaada waraabbii kana irraa hubannutti, wal dhabbiin walitii bu'insa dhugaann hojiilee diraamaa fi kalaqq keessatti walitti bu'an, Asoosama fikalaqaa keessattis gocha wal mormii kan itti taasisanii fi hojii ogbarruu kan irratti hunda'udha. Walumagalattii wal diddaan nam fakkileen addunyaa Asoosama keesati fedhii dhuunfaa isaanii guuttachuuf akka namoota addunyaa dhugaa kan walitti bu'aniidha.

2.3 Faayidaa wal diddaa

Faayidaa wal diddaa akkuma caaculee asoosamaa kanneen biroo jargoccha asoosama tokkoo gara fuulduraatti keessati baay'ee barbaachisidha.Yaada kana toorii kana inteenetii [http://www. Goolle .com/url?sa=t&q=esc=s&sourceweb&d](http://www.Goolle.com/url?sa=t&q=esc=s&sourceweb&d) jedhamu yoo ibsu "conflict is importanta for fiction because most reader find trouble interesting. Inni aaddi, con flict can be an effective device for drivingaplot"jedha.

Wal diddaan hojii kalaqaatiif baay'ee barbaachisaadha sababnisaas, dubbistonni baayyeen waanta fedhii isaanii kakaasu barbaadu. Dabalatanis wal diddaa asoosama tokoo keessatti seenaa jaargochaa gara fuulduraatti ooffuuf gargartuu fi fedhii keessoo dubbisaa kakkasuu keessatti gahee kanqabu hubanna.Haaluma wal fakkatuun Birhaanuu(2009:36) irratti akka ibsuutti"the strugglee between two oosing forses can created the storys conflict. Is an an

element because it moves the story forward. The conflict also related to the element of theme”jedha. Akkuma asiin olittii ibsamee, waldiddaan caacculee barbachiiftuu seenaa asoosama tokko gar fulduraatti akka deemuu godhuu fi jaargochaa Asoosama wajjin ulee walitti hidhnsa kan qabdu ta’uu iss hubanna. Kanaaf faayidaan wa 1 diddaan qabu guuddaadha dabalatani misgaanuu (2012:25) irratti “wal diddaan Asoosamaa akka lafee dugdaa jaargochaatiti kan ilaalamuudha”jedha. Yaada waraabbii kana keessaa irratti hunda’uun wal diddaa yoo ibsinu waldiddaan akkuma namaa lafeen dugdaa utubee ol dhabu Asoosama tokkos jabeessee kan dhabbatuun ta’uu isaa agarra.

Kanafuu barbaachisuummaan wal diddaa akka laayyootti kan ilalamu miti walumaa galatti yaadota armaan olii irraa kan hubatamu wal didda

- Hojii seeneeffama tokko gara fulduraatti oofa
- Seeneeffama tokko lubbuu itti horafi
- Akka lafee dugdaa jaargochaatti ilaalamuu isaati.

2.4 Gosoota Wal dhabbi Asoosamaa

Wal diddaan kunis, gosa seenaa dabarsuun barbaadamee, irratti hunda’uun danda’a. yaada kana Misgaanuu (2012:25) yoo ibsu akkana jedha”wal diddaa Asoosama keessatti garagarummaa qaba. kunis immoo gosa seenaa ergaan isaa dabarsuun barbadaadamee haala wal diddaa seenaan seenaa Asoosama tokko keessaatti argamuu gosa garagaraa ta’uu danda’uu hawaasa seenichi keessatti rawwatee fi ennyummaa qooddattootaa irratti hundaa’a” jedha.

Yaannii asii armaan olii kun kan agarsiisuu, wal diddaan asoosama tokkoo, seenaa Asoosamichaa keesaa, ergaa dubbiffamuun barbadamee fi yoomessa seenaa Asoosamichaa keessaaa rawwatee irratti hun da’uun garagarummaa yokaan akaakuu garagaraatti qooduun akka danda’amuudha. Haaluma wal fakkaatun toora inerneetii [http:// www. Google. Com/in. wikida.org/org/ fiction# con flict](http://www.Google.Com/in.wikida.org/org/fiction#conflict) jedhamu akka ibsuutti gosoota wal diddaa akka akka armaan gadii kanaatti qooda.”The conflicts often classified according to the nature of the protagonist or an antagonist as follows. First person versus person second person, person versus self, third, person versus society, fourth, person versus nature and fifth, person versus supernatural”.

Yaada kanarraa wanti hubachuu dandeenyu waldiddaan akkataa uumama nam fakkii muummee fi masaanuu nam fakkii muummee irratti hundaa’uun bakka shanitti qoodamuu

akka dandaánidha. Isaanis wal diddaa nam- fakkii fi nam- fakkii, namfakkii fi matasaa nam-fakkii hawaasa, namfakkii fi uumamaa fi nam –fakkii uumaati.

Dabalatanis Malkneh (goota wal diddaa yommuu akkana jedha “It could be aperson agaist person him herslf and conflict which element in his or her own natur may be physical, mental emotional or moral. There are five basic form of conflict . Those are: nature, person vesus sociosocety, person vesons God”. Akka yaada waraabii kanaattii , wal diddan Asoosama tokkoo bakka gurddoo shaniitti qoodamuu dandaá. Isaanis wal diddaa nam –fakkii fi nam-fakkii, nam- fakkii fi matasaa yokkaan ishee, nam-fakkii fi uumammaa, nam- fakkii fi hawaasaa, nam- fakkii fi uumaati. Kunis nam- fakkiilee uumaaa waliin qaamaan yokaan samuun (keessoo) akkasumas duudhaa eeraman kanaan kan walitti buúuu umamuu taúu agarsiisa. Walumaa galatti , waraabbiilee armaan olittii dhiyaatan kanneen irraa wanti hubannu goota wal diddaa garagaraa seenaa Asoosama tokkoo keessatti akka argamaniidha.

Asoosama dheeraas Taé asoosama gabaabaa keesaatti gosootni wal diddaa garagaraani mulatu. Qoqooddii wal diddaa ilaalchisee, hayyoonii garagaraa wal diddaa iddoo adda addaatti qoq qoqqoodaaniiru. Fakkeenyaaf Zaarihuun (1992:174) irratti wal wal diddaa iddoo afurittii qoode jira. Isaanis wal diddaa qooddataa fi uumaa fi wal diddaa qooddataan hawaasa wajjin taasisu jechuudhaan qoode.

Akka yaanni websaayitii HTTPW/ww conflicts type jedhu ibsutti wal diddaan bakkaa shanitti qoodama isaanis:

Feedhasaa (2013:79)

Wal diddaan seenaa asoosama keessatti waliitti buinsa namfakkilee giduutti uumamuudha. Sunis gooban leessa fi masaanoota gidduu kan uumamuudha. Akkuma duraan nam fakkii jalattii ilaallee gobaanleessi masaanuu qaba. Masaannoonisaas nama qoofaa miti. Yaadumtisaa yeroo isa mormu ni jiraaata. Kana malees adeemsa uumamaa fi seerri aadaa hawaasa inni keessat dhalatee fedhisaa daangeessuuf irrattiqabsaawuu nidandaau.

Akka yaada kanaatti wal diddaan wal diddaanwalitti buinsa namoota taée kan qoodattoonni seenaa asoosamichaa keessatti hirmaatan yokaan qooda fudhachaa taíiwwan tokko tkkoon issanii seenucha keessatti rawwatan taúusaa irraa hubanna. Fedhasaa (2013:79)’’wal diddaan gosopota gurddoo lamatti qoodama Issanis wal diddaa keessaa fi wal diddaa alaati’’ jedha.

2.4.1 Wal dhabbii keessaa

Wal diddaa keessaa nam fakkiin tokko yeroo sammuu isaan walitti uumama. Keessumaa gobaan leessii kaayyoo isaa fixaan baafachuurratti yeroo baay'ee sammunsaa bakka lamatti qoodama yokaan yeroo tokkootti yaada lama keessummeessuutu isaa mudata. Yeroo kanaan rawwadha fi hin rawwadhu jechuun karaa lakkuu yokaan bal'oo ta'ee iiti dhufa. Mormii yaadoota lamaanii wal qixaa ta'uun mormii cimaa keessa seena. Sammuu nam- fakkii biro keessattis haaluma kannan wal dhabdeeen uumamuu danda'a. Haaluma kana fakkatun nam fakkileen gara itti goran dhaban dhabbatanii ofitti falmu; ofiin aasa'u. dubbistoonnis murtoo dhumaa irra dhaga'uuf wargamu. Dubbinis iitii gammadu yokan itti gaddu. Kanaafuu wal diddaan keessa sammuu dubbistootaa hawwachuuf keessatti gahee guddaa taphata jchuudha

2.4.2 Wal dhabbii Alaa

Wal diddaa alaa jechuun wal mormii wal fakkii tokkottiyokaan haadureetti nama fi nannoo issaarraa ka'uudha. Wal dhabbileen uumamu ofisaa wajjin osoo taanee nam-fakkii yokaan waantoota birooti. Akka kanaan wal diddaan gossoota adda addatti qoodamee akka gadii ta'a ilaaluu ni danda'eya. Isaanis;

2.4.3 wal dhabbii xiinsammuu

Wal dioddaa kun karaa biraattin wal diddaa keessaa jedhamuu waamama. Wal diddaan kun kan uumamu yummuu qooddataan sammuu isaa faana wal mormuu kan uumamuudha. Mormii isaa kunis waantoota sammuu namaa dhiphisan yokaan jeeqani, kaayyoo fi fedhii irraa kan madduudha. Yaaduma kana ilaalchisee Melakneh (2008:207) "internal conflict is a conflict which is taes place between two contending force in the mind of the hero" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, waldiddaan keessaa walitti bu'insa yaadota faallaa lamaa kan sammuu qoodataa keessatti armaan gadiitti rawwatamu akka ta'edha.

2.4.4 Wal dhabbii fi nama fi namaa

Wal diddaan nama fi namaa wal dhabdee nam-fakki fin am-fakkii gidduutti uumamuudha. Wal diddaan haala kanaan uumamu wal naafuu fi wal dhabuurraa madda. Wal simannaa yaada yaada dhabuurraa kan ka'e dhabbiin uumama. Haali kanaa goobaangaleessa fi masaanota ykn morgooba warra jdhamani gidduutti uumama. Sababnisaa masaannoni kaayyoo isaanii kaayyoo goobaangaleessaa gufachisuu dha waan ta'eef. Kana gochuuf immoo mala qopheeffatu.

Wal diddaan qoodataa gidduutti uumamu sababa amantaa, fedhii adda addaatiin kaayyoodhaan , ilaalchan garagarummaa qaba irraa kan ka'e walitti bu'insi ni uumama. Cuddoon(1999:188) irratti wal doddaa qooddataa fi qooddataa gidduu yoo ibsu "conflict that

occur between character are depends on wish and different objective they have” jedha. Yaanni kun akka mul’isuti, wal diddaan qooddattoota godduutti uumamuu kan irratti hunda’u hawwii fi kaayyoo garagaraa isan qabatanii ka’a irrattidha

2.4.5 Wal dhabbi Uumamaa/Namaa fi Uumaa

Namoonni jiraachuuf jecha, qalbii isaanii waan bira gahuuf uumaa waliin wal’aasoo walqabu. Faakkeenyyaaf, ilmii namaa muka bosonaa ciree qotachuu jecha qaamota mukaa addaa addaa waliin wal diddaa ni uuma. Wal diddaan akkanaa yeroo baay’ee nam fakkootaan hin too’atamu.

Fedhasaa(2013:80)Addunyaan kun taatee uumamaan to’atamtee jirti. Humni ciminaan ishee hoogganus bakka hundaa jira. Balaa uumamaa dhufus sanaan walqqabatee jireenya dhala namaa miidha.Beelli qileensi balaa roobaa, goginsa cabbiin, kikirkira lafaa, dhukkubni fi kan fakkatan kaayyoo dhala namaattii gufuu ta’uu danda’uu Namoonnis kana dandamachuuf kaayyoo dhala namaatti gufuu ta’uu bu’anii ba’u. Kunis wal diddaa isaanii wal diddaa isaan uumaa fi uumama waliin godhan mul’isa.

Akka yaada kanaattii wal diddaan uumamaa uummattoonni jiruu fi jireenya isaanii keessatti bu’aa bu’ii isaanii taasisan kanagarsiisa fi jireenya isaani keessatti bu’aa ba’ii isaannii taasisan kan agarsiisan fi jireenya isaanii mo’aachuuf jecha wal diddaa isaan uummattoota waliin godhan nuuf ibsa.

2.4.6 Wal dhabbi Qooddattoonni Hawaasa Wajjin Taasisan

Wal diddaa gosa akkanaa mormii nam-fakkii tokkoo aadaa, duudhaa heera, fi seera hawaasa keessa jiraatuu waliin godhudha.Namni yeroo dhalataa isaa kaasee fedhii dhuunfaa issaa kan qabu hayyoonni xin smmuu ni dubbatu. Aadaa fi duudhaa hawaassni iittin jireenya isaa qajeel fatu ammo fedhii dhunsaa kan dngeessuu ni danda’a. Yeroo kanaa namfakkii tokkoo duudhaa , aadaa , haala jireenya hawaasa fudhachuu dhissuun diddaan uuma.Wal diddaa kun kan uumamu namni tokko yokaan gareen tokkoo aadaa duudhaa, safuu fi haala jiruu fi jireenya hawaasichaa waliin walitti bu’udha Amantaa, falaasama , ilaalcha fi sirna ittiin bulmaata hawaasa fudhachuu dhabuun nama tokko yokkan immoo garee namoota hawaasicha jidduutti wal dhabbi ni uumama.

Cassidy(1991:706) akka ibsutti “wal diddaan hawaasaa fi qooddattoota gidduutti yommuu namni tokko duudhaa garee hawaasaa tokkoo kuffisuuf hawaasichi immoo harka kennachuu didduun yeroo wal falman jechhudha”. Jedhee isa. Yaanni cuunfaa hayyuu kanaa , yommuu qooddataan tokkoo ejjennoo safuu hawaasa waliin hin deemne qabatee yoo ka’u hawasni immoo ballleeffachuu wal diddaa uuma. Jechhudha

2.4.7 wal dhabbii Teekilanoojii

Gosti Asoosama kanaa kan uumamu qoodattoonnii asoosama kana keessatti argaman waan toota teekilanoojii wajjiin kan wal bu'insa taasisaniidha. Qoodattoonni asoosamaa waan haaraa argachuuf teekilanoojiiitti dhimma bahu. Haata'u malee yeroo tokko tokkoo mashinoonnii adda addaa wanta isaan itti hojjechuuf jedhan jalaa fashaleessa. yokaani karoora isaani teekilaanoojii wajjiin wal qabatee dhimma itti bahuuf gargaraman sababa rakkoo teekilanoojiiif mijachuu dhiisuu ni danda'a yokaan meeshaan teekilanoojii kanaan dura akka gara isaaniiti itti gargaraman yeroo tokko tokko didduu ni danda'a. yummuu kana wal diddaatu uumama. wal diddaa wantotaa mashinotaa haaraa wajjin wal qabate kunis wal diddaa teekilanoojii jedhama.

2.5 Sababoota Wal dhabbii

Waldiddaan wantoota yokaan humnoota garagaraa gidduutii kan rawwatamuuf sababni gahaan ta'e jiraachuu qaba. Yada kan Missgaanuu(2012:25) yeroo ibsu" waldiddaan uumamuu kanneen wal morkatanif sababni gahaan fi amansiisaan kan isaanii wal buusuu jiraachuu qaba. Sababni walitti buunsaa kuni kan jireenya dhugaa keessatti nama wal dhabsiisuu danda'u ta'uu qaba."jedha Yaada kanarraa wan ti hubannu, waantoonni waldiddaa uumamani addunyaa dhugaa keessatti waltii bu'insa gahaa fi amansiisaa jiraachuun akka qabudha. Kuns siyaasa, dinagdee , amantaa fi waan kana fakkatanii ta'uu ni danda'u.

kana malees Birhaanuu (2009:36) irratti sababa wal diddaa kana yommuu ibsuu, "protanist srungle to achieve a certain motive" jedha. Yaddni kun kan agarsiisu, namfakkii yookaan mummeen galma yaade gahuuf kan carraquu ta'uusati. Kunis sababa wal diddaa ta'ee argamuu ni damnda'a. Walumaa galattin sababoonni seenaa asoosamaa tokko keessatti waldiddaa uuman, namoonni addunyaa dhugaa keessatti akka wal dhaban taasisaniidha.

2.6. Amaloota Wal dhabbii Asoosama

Wal diddaan amala mata isaa qaba akka Jaffet (1996:5) irratti ibsetti wal diddaan tokko bu'aa qabeessa tahuudhaaf amaloota armaana guutuu qaba isaanis : tokkummaa , amanamummaa fi dagaagina kan jedhu ta'a

2.6.1 Tokkummaa (Unity)

Amaloota wal dhabbii xinxaluu keessatti; kan jalqabaati akka Jaffet Scott (1990:3) irratti ibsetti tokkummaan "qindaa'ina jechuun adeemsi wal diddaan seenichaa kan jalqabaa qabee hanga dhumaatti wal hordofaa deemudha" jedhu. Fakkeenyaaf

-Namni tokko yeroo frrii isaa jalaa d'uu rabbit na jalaa ajjesse yokan immoo rabbi kun na qabeera jechuun rabbiin abaruun isaa waaqayyoon faana walitti bu'a .

-Caaamsituun tokko rooba yeroo isaa eeggatee rooba jiru anatu beeka jechuun caamsuuf yaaltu waaqa waaqayyoon faana walitti ishee buusa.

2.6.2 Amamanummaa (Realibility)

Waa'ee amala wal dhabbi, amanummaa Edward Quin (1994:4) akkas jedha:

“Amanammummaan haala jireenya dhugumaa nam fakkiilee ta'ee waliin dubbii yokaan yaada nuti dhiheessinu qabatamaa kan jireenya dhugaaa wal hin dhabnetahuu qaba”. Yaada armaan olii akk ibsuttti yaadni dhihatu dhugaa irraatti hunda'uun qaba jechuudha.

2.6.3 Dagaagina (Development)

Yaada dagaagina akka jaffet scott (1996:4 yoo ibsu,

“jijjirama mul'atu keessatti qoodataan tokkoo bu'aa qabeessaa yoo tahu, kan biro immoo miidhama ta'a. Humnoonni lamaan wal mormii irraatti hirmatan cimininni wal qabatee guddachaa adeemuu qaba.”

Akka yaada kanaatti wal dhabbi asoomaa keessatii bu'aa qabeessummaa irratti kan dagaagu jechuudha. Kunis amala lama of keessaa qaba faayidaa fi wal madallii of keesstti haammata.

Walumaagalattii amaloonni wal dhabbi asooma keessatti faayidaalee guddaa qabu

Tokkummaan asoosamichi akka innii wal qabatee itti fufu taasisa. Amanammummaan asoosamichi yaada yookaan taatee Adduunyaa kanaa bakka bu'ani ibsuuf gargara, akkasumas dagaaginni immoo amala wal dhabbi asoosamichi faayida qaamotni wal dhaban lama wal irraa qabanii fi haala wal madallii isaanii asoosamicha keessatti akka qabatan godha.

2.7 Sakatta'a Qorannoo wal fakkii

Qorannaan wal dhabbi irratti hojjetama barattoonni hedduun digirii 1ffaa fi 2ffaatti afaanota gara garaan hojjetamaniruu . qorannoonoowwan waraqaaf qoha'an keessaa musa fudhachuun wal fakkii qorannoo gochuun /garagaaameera. Eebba kunis :

Qorannoo wal dhabbi irratti dalagaman " xiinxala wal dhabbi asoosama Kabir Waadoo Gadaa Sabbonaa Oromo" waxxabajji 2011, Ffinfinnee , Ayyaanaa Waaqtolaa "wal dhabbi Asoosama kuusaa Gaadoo fi Dhaamsa Abbaa " waxxabajjii 2011 ;finfinnee ; fi qorannoo

Haagaree Sobbaaqaa Dhiinsaa Hojjetame akkumas" xiinxala wal dhabbii asoosama Raayyaa Dhugaa" waxabajjii 2008/2016 , finfinnee isaan kana fa'adha.

- Qoraannoon ashannaafii Ambaawuu keetti qooduun qo'ate Boqonnaa Afuritti qooduun qo'ate .Boqonnaa jalqabaa sababa, kaayyoo, daangaa fi barbaachisummaa fi mala qorannichaa qorannichaa of keessaa qaba. Boqonnaa lammaffaa keessatti tiyoorii fi sakkatta'ansa qorannillee wal fakkii ta'a. Boqonnaan saaffaa wal dhabbiwwan gurguddoo arfaaffaa keessattii yaaadaa fi qabxiwwan irra gahamann mul'isa.

Qorannoon Ashannafii qabxiwwan arman gadii keessatti wal fakkenya qaba.

Wal dhabbii asoosama keessatti argamu irratti gaggeeffamuu.

- gosonni wal dhabbii qorannoo keeya keessatti wal fakkachuun kunis gosoota dhabbii qooddaataa fi qooddataa gidduu , qooddataa fi mataasaa fikkf jechuun qorataniif ta'uu danda'eera
- .Wal dhabbii asoosamaa gadi i baasanii irratti wal fakkatu. Akkasumas qoranno kana keessatti dhabbiin xinsamuu ni ni qu'atama
Gragarummaa isaanii ammo
- Qorannoo ashanaafii keessatti wal dhabbii siyaasa hin ka'u Qorannoo kana keessatti garuu wal dhabbileen siyaasa adda adda ni ka'a. .
- Kaayyoo qorannoo qorannaalee wal hin fakkatu.
- Qorannoo wal fakkii biraa kan ayyanaa waaqtolaa"wal dhabbii asoosama kuusaa gadoo fi Dhaamsa Abbaa " waxabajjii 2011 dha.Qorannoon kun boqonnaa afur qaba saaffafaan keessatti kutaa lamatti qooduun ilaalla isaanis kutaa tokkoffa fi lammaffaati . Kutaan tokkoffan keessaatti xin xala wal dhabbii asoosama kuusaa gadoo kutaa lamaffa keessaatti immoo xinxala asoosama Dhaamsa Abbaatu ibsama kaayyoon inni kaaayyeeffate akaakuu wal dhabbii asoosama Gaaadisaa Birruutti barreffaman kan qu'atu fi wal dhabbii asoosmasana keessaa kan wal madaaludha
Qorannoon Waaqtolaa qabxiwwan armaan gadiin wal fakkata
- Qorannoo wal dhabbii asoosama keessatti argamaniin wal fakkatu
- Amaloota fi gosoota wal dhabbii asoosama keessatti argaman baasee argarsiisuu .
- Qorannoon Ayyanaa qabxiwwan kana gadii qorannoo kanaan adda ta'a
- Ayyaanaan qorannoo asoosama Gaaddisaa Birruun barreeffaman lama

irratti yeroo gaggeessuu, qorannoon ko kun ammo asoosma tokkoo irraatti kan xiyyeeffatudha.

Qorannoon wal wal fakkii biraa kan qorqnnoo Haagaree Sobbooqaa Dhinsaatin hojjetame"xiinxala asoosma Abbaa hinqabu" jedhu waxabajjii 2013 dha. Qorannoo kun Boqonnaa afur qaba. Boqonnaa keessatti duubee qorannichaa , kaayyoo qorannichaa daangaa qoranichaa, malawwan raga iittin funaamu yeroo qabaatu ,Boqonnaa lammaffaa yaad-rimee tiiorii fi barruu wa-fakkii of keessatti qabata.Boqonnaa sadaffaa immoo gosootaa wal dhabbii asosama "Gumaa Galaatee " keessatti keessatti qabu keesaatti xinxalla Boqonnaa ar fffaan immoo yaada golabaa, arganoo, fi yaada furmaataa kaa'ee jiraKaayyoo inni karoorfates wal dhabbii asoosama Gumaa Galaate ttin barreeffamee kan qu;atudha.

Qorannoo hageree qabxiiwwan armaan gadii Qorannoo kanaan wal fakkenya qaba. Lameen isaaniyyuu jechuu n qorannoo hageree fi qorannoo kun;

- Qorannoo wal dhabbii asoosama keessatti argamanin wal fakkachuun
- Amaloota fi gosoota wal dhabbii asoosama keessatti argamanii baasee argarsiisuu n
- Boqonnaa afur qabachuu (Boqonnaa wal qixa qabu)

Qorannoo hageree qabxiiwwan gadiin adda addaa ta'a.

- Qorannoo Hageree 2013 A. L. A qoratame . Qorannoo kun immoo bara 2021 A.L.A ni qoratama .
- Qorannoon Hageree Asoosama "Abbaa hin qabu" jedhu kan jedhu Kumaa Duulaa barreeffame asoosamni Gumaa Galaate Kun immoo beekkaan I gulummaani bareeffame.
- Qorannoon Hageree wal dhabbii kan akka wal dhabbii naannoo fi qoddataa yoo mul'isu kun immoo hin mul;isu.

BOQONNAA SADI

QAACCEESSA RAGAALEE

3.1 Ibaa Gabaabaa seenaa Kitaabichaa

Kitaabni kun maqaa isaa Gumaa Galaatee jedhamuun kun kan barreefamee nama maqaan isaa Faayyosaa Bulchaa yoo ta'uu innis kan barreeffame akka A.L.A bara 2013 ture barreessaaan kitaaba kanaa gosoota wal diddaa afur kanneen akka qooddataa fi qooddataa , wal diddaa qooddataa fi uumaa , wal diddaa xin sammuu fi wal diddaa hawaasaa barreesseera.

utuu jirani inaffaan jaalalaa naatinaa'eeli fi Jaallanee irratti hiriyooni ishee kan Baacaa fi Jiituudha. Hiriyooni ishee kun mala qopheessanii akka Jaallanneen kan Baacaa taatuuf ni hawwu.

Gaaf tokko Naatinaa'eel dhokatani eeggatani ajjessan. Namni gumaa naatinaa'eeliin argee yeroodhaaf hin beekanee. Erga naatinaa'eelx.

3.2 Akaakuu wal dhabbi Gumaa Galatee keessattii Argaman

Asoosama kana keessatti wal diiddaan tokkoo asoosamicha fuulduratti Taatee tokko yokaan wanti rawwatame yoota'ee taatee sanaaf wanti madda ta'u ni jira. Taatee sanaarraa kan argamu bu'aa yoo ta'ee bu'aa sana kan agarsiisu immoo saba yokaan tarkaafachisuuf yoo uumametu deebi'ee immoo Wal diddaa birotiif ka'umsa ta'a. Haaluma kanaan asoosama Asoosama keessattii namfakkiiwwan walitti dhufeenya ni godhu. Walitti dhufenyi isaanii kunis faayyadamummaa fi faayyiduu of keessaa qabaachuu ni danda'u. Asoosama kana keessatti tookko tokko irraa faayidamuuf yoo carraaqee, inni immoo diddaa ta'a.

Haalli kunis wal diddaaf ka'umsa ta'eeguddaacchaa deemuu danda'a. Adeemsa wal fakkaatuun Asoosama Gumaa Galaate yoo ilaallu, wal diddaawwan xixxiqqoo garaagaraatiin uumaman wal diddaa isa guddaaf ka'uumsata'anii argamu. Wal diddaa xixxiqqoo kunis akaakuuwwanal diddaa kanneen asoosama tokko ijaaruudhaaf bu'uurata'anii gosa hundumaa walitti ijaaramuudhghan ragaadhaan daggaramanii akka armaan gaditti tokko tokkoon dhiyaatanii jiru.

3.2.1 Wal dhabbii Xinsammuu Gumaa Galaate

Namfakkiiwwan Asoosama kana keessatti hirmaatan Adduunyaa asoosamichaa keessatti bu'aa bu'ii hedduutu isaani mudatu. Sababoota adda addaa barreesaan asoosamicha, seenaa asoosamichaa guddisuuf irraa kan ka'e aariin gadi ofitti amanummaa dhabuun of jibbuu fi uumuu kan kana fakkaatan sammuu fakkattotaa ni mul'ata. Isaan keessaa tokoo Jaallanneedha. Sababa nyaataa sammuu kan ta'e sababa jaalala dhugaa fakkistee Baacaa jaallattee Jaallanneen. Kana waan ta'eef Baacaan gochaa yokn yakkaa kanaan duraan jaalallee jaallannee kan ta'e naatinaa'eel jedhamu ajjesseef. Jaallannee immoo Baacaa isaa naatinaa'eeliin ajjeeste. Sababa kanaaf seerrii to'annaa jala na galcha jettee soddatte. Yaani ishee bakka lamatti hirame dhiphatte, wanta murteessitu wallalte. Yaanni ishee tokko'' gara biyya eesummaan keetii deemi'' ittiin jedha . Inni biraan immoo'' gara biyya Arabaa deemii seeraa jalaa miliqi'' iittin jedha ture yada kana keessatti wal dhabdee uumtee jirti

Yaada isheetu yaada yaada isheetiin waliigaluu dide keessa wal finchile walii wallsaa dhaadasse. yeroo irrattis gube tokkoo bible bilbili tokkoo immoo ni cufa qaamatu qaammaattii haasa'a 'biyya Arabaatti badi! naqmttee fira haadha keettii biratti gali! Mootummaattii anatu ajjessee jedhii harka kannadhu! Mallaaqaa iaa fudhuu milli si deemsisstii deemi! Daaf sitti bar'e sitti bari'e sttii bar'e....'' jechuun sammuu ishee keessaa yaannii ishee yaada ishee wace kan ishee balfu malee kan ishee dhoksu hin jiru. Qaamota isheetu tokkummaa dhabe. Tokko garaaf jiraata. Kan biraan maqaaf kaata. qaamaaf qaama, sanyiiif sanyii, qoomoof qoomoo walittii buusee bu'aa bu'aafachuu barbaada(fuula 115-116)

waraabbii kana keessattii wal diiddaan xinsammuu Jaalaannee irraattii mul'ate kun sababa isheen Baacaa ajjeesteeff seerrii to'annaa jala nagalcha jettee waan yaadduuf seera jalaa miliquuf yaannii baakka addaa addaattii hiramama yokaan yaadi ishee lakkuu ta'ee jira. Yeroo tokko tokko bakka essuma ishee jiru deemuuf yaaddi. Yeroo tokkichatti immoo gara biyya arabaa deema jettee yaada ishee murteeffachuu dadhabdi. Utuma kanaa jettuu yaanni tokkoo dhufe gara maatishee tti deebitee galte wal dhabbiin akkasii kun wal dhabbii xinsammuu jedhama.

Wal diddaan xinsammuu innii lammaffaa irratti mul'atu kan Goobanaa mootummaan dargii irratti geessisef obboloota isaa kan waraana dhaqanii hin galanii hafaniif rakkoo guddaa isaa mudatee jira. Akkainni barnootaa innii barnoota isaa baakka yokaan galmaa yaade hingenyeef yaaddoo obbolotaatiiff dhukkubbii itti ta'ee jira. Kanaan wal qabatee hojiin kaayyoo isaa wajjin wal madallee mana barumsaa liibaan maaccatti barsiisa. garuu hojii isaatti kanattis hin gammadu sababisaa mootummaan dargiin obboloota isaa waan humnaan fuudhatee gara adda waraannatti geessee ofitti aara, qofaasaa guguma ,baasees dhageessisees

woca ,akka waan namni isa bira jiruuttis haasa'a . rakkoo isaa kannas namatti hin himatu qofa dhiphata

.... yummuu dhugee machaa'ee farshaa'ee sagalee ol kaasee akka waan namni wajjiin deemuutti haasa'a Goobanaanaaf barsiisummaa malee!? kana ti- ti-taayi (TTI)? Profssor goobanaaf injineera ykn dooktera ta'uutu iit ture! Malaan godha? oJechuun isaa dhukkuba garaacghaa ittii ta'e machii araqee keessaof dhoksee haasa'a . dirmamammuutu fayyuu didee ,onnees keessi madooftee , godaanisa kulkulee daandii haqarraa falaaf mala barbaachaaf nyaata . of sukkuma,madaa kulkulees hooqee of dhiigsa "ollaam akkam bultee beeka ,akka iiti bule abbaatu beeka!" (fuula 33-34)

Akkuma yaada kanarraa hubannuu of ofitti haasa'a .kaayyoo isaatu bakka hin ga'in hafe yeroo hundaa keessatti akka waan amma kaayyoo irra jirutti yaadi lama dhiyaataaf. Ani waraqaa dhabee malee dokteeriidha. a takka immoo njineerraa ofiin jedha isatu immoo deebii ofif kenna garuu hojii inni itti beekamuu barsiisaasha yaada kanatu yeroo hunda isa rakkisa filannoo isa walaalchiisa wal diiddaaa ofitti kuni wal diiddaa xinsammuu jedhamee waamama

3.2.2 Wal dhabbii Uumaa fi namaa

Asoosama kana keessatti waldiddaan uumaa iddoo tokkotti mul'atee jira. Wa diddaan uumaa kunis kan mul'ate Jaallannee irratti argame. Jaallanneen umuriin ijoolleedha. Waantoota yeroo dargaggummaa nama mudatan hin beektu turte. Jaallanneenis guddaattee yeoo isheen kutaa torbaa geessuu, waanti isheen beeknee tokkoo ishee mudate. Kunis xurii yokaan lagu isaa jedhamuu isa durbartoonni ummuurii 12- 49 tti itti dhufu ishee irratti argame yummuu kana barattoonni ishee wajjin barattuu isheetti kolfa. Wanta ishee mudate kana akka namoota biraa mudatee hin beekneetti dhiphaatee maalif waaqayyoo wanta kana natti fiddee ijoolleen wajjiin baradhuu keessatti na salphasta jettee uumaa wajjin komeettii seentee jirti.

Dargaggoon Naataanaan gara laafeessaa akka dubartii ija laafeessa amalla gaarii qabudha jaallanneen simatee dhiiigaa uuffaataa fi miilla isheerraa akka haxaaawwattuuf fi qulqulleeffattu bishaanniif huccuu kenneef. Lallfaas biteef ...waan gochuufin barbaachisu hunda godheefii hafuura yummuu galfattu jajjabeessee geggeesse'Jaallanneen waan hundumaa galtee teessee boossee, uumaa ishee komattee caallistee.(fuula 22)

Akkuma yaada kanarraa hubannuu sababa lagu (xuriiin) isheetti dhufeef waan haaraa itti ta'e naatee caalliste boossee maalif kun namudate jettee uumaa ishee wajjin wal dhabbii taasiste. Kunis waldhabbii uumaa jedhama.

3.2.3 Wal dhabbii Uumamaa fi namaa Asoosama Gumaa Galaate

Seenaa asoosama kana keessatti wal diddaan uumaamaa baayyinnaa hin mulatu .muraasni garuu ifa bahanii osoo taanee dhoksaatiin kanneen ka'aan tokko tokko ni ilaalla. kunis namni tokko yokaan gareen tokko uumama waliin yeroo wal mormutti mul'atudha.sababa obboleettii Gobaanaa kan Gaaddisee jedhamtu amaatii ishee waan jalaa duuteef goobaanaan fi haati manaa gobaanaa du'a ga'ii dhaqani.yeroo kanaa sababa isaani lachuuyyuu iddoo akkas awwara fi aduu cimuu akkasii dhaqanii hin beekan turan.yummuu kana aduu kanav baayyee jibban. sababa qaama isaanii waan gubeef isaan immoo jalaa baqachuu makinaa fi gaadisaatti baqataniruu.

akkasumas sababa awwaraaf deemsa hanga dadhabatti ga'aaniruu kana malee uffata isaanii irratti tura'uu hin hafne.Haaluma kanan yeroo dhaqanni fi galani qabsoo awwaraa fi aduun wajjin godhaa turan.yummuu kana aduu, awwarii isaanii raakkisee ,jibbisiise, ni gube.

Obboleettii Goobanaa isheen jalduu jirtu Gaaddisee jalaa amaatiin (haati abbaa manaa ishee) duute Goobanaa fi Siccaaleeleen mucaasaanii refu waggaa lama guuttuu fudhatani osoo taanee,nama biraattii dhiisaanii du'aa ga'ii (warra du'aa) deeman daandiin kon kon kolaataan aanaa dandii , magalaa giincii irraa gara Aanaa Jalduu, magaalaa Goojjoo geessuuu, hurgufaafi awwarii kan nama godhu kan argeef fi irra ga'e duwwaatu beeka.Kon kolaataa Awutobisa sadarkaa sadaffaa keessa lixaanii dhukeenkan namuummaa isaani baddetu, reeffa manaa ba'ee dhaqqabe. Reeffiiis akkuma awwalameen abbaa gaadiseen "jabaadhu" jedhanii, (fuula51-52) Gaaddisees nagaa gaafachuun gara buufata kon kolataa yoo ga'a bayyinnii namoota hiirira galamii djhabbatanii, waanuma uummani aanichaa magaalicharraagodaanuuf ka'aan fakkatu.

Akkuma kanarra hubannu,dhiibaan kan haala uummama teesuma lafa fi kan haala ha'insa wajjiin kan walqabatee,akka isaanii bakka isaani dhaqan dafa hin geenyee aduu fi awwarii baayyee isaan raakisera.Iaan kaayyoo isaan atattamaan dhaqanii galuu galuu ture, garuu akka yaadan hin taaneef. wal diiddan akkasii kun wal diiddaa uumaamaa jedhama.

3.2.4 Wal diddaa Haawasaafi Nama Dhuunfaa Gumaa Galaate

Asoosama kana keessatti wal diddaan hawaasaa baay'inaan hin argamuu garuu muraasa tokko tokkoon ni ilaalla.uummata oromoo kan inni bakka, sanyii ,loogaan,fi godinaan wal qooduutu jira Akkasumas wal dhabbii haawaasa naannoo Goobanaa jraataanii fi Goobanaa matuma isaa ilaalla.

Wal dhabbii kun kan mulatu, kan yeroo ummaanii orommoo bakka, lagan, godina sanyii wal qooduutu argama. . Akkuma beekamuu uummanni bakkan sanyii umurrii fi kan fakkataanii garagaraa ta'uu mala, keessattiis yummuu haawaasni keenya akkaataa loogaan Afaan

Oromoo, Godinaan jedhee qoodutu jira Wal diddaa kunis bakka waantoota kana faakkaatanii as keessatti mulata. kan warra wallaggaa , kan warra shawwaa, kan warraa jimmaa arsii fi kana fakkataanii jedhanii yummuu wal diddaa ka’u argina namoonni keenya baayyee haalota adda addaa wal lolu, dhibbaas walirrattis geggeessuu kunis yeroo barreessaan kun barreeseen duratti walitti kun duraan baayyee hin heddumatu ture amma akka wal diddaa akkasii jiruuu nuutti agarsiisa. Barreessa kitaaba kanan wal dhabbii bifa kanaan argamu baayyee iiti hinfayidamne

...dhaloonnii har’aa garuu qoodama kun lagaa fi bulchinsa kan minilikittin tosha toshee, mora moreen wal wal qoodu.aadaa fi bulchiinsa uummanni oromoo dur hin beekne ofumaaf tumatu, seera dur hin jirr har’a baafatu’’ warra, warra shawaa, warraa jimmaa, warraa arsii, warraa iluu abbaa boraa , kuun harargee’’jechuun maqaalaagaa n tooftaan qoqqoode oromiyaa bituuf qoratee, soqatee mijeeffatee tolfateen baafateen boba qobsanii gola odii ormattii agarsiisu.wallii walii isaanii balfu looga afaan oromoo kan dhiigni gootota hedduu itti dhagala;ee as ga’e ‘keeniyatu siirriidhadha! Keeniyatu siirriidha! Jechuun wal ceepha’uu

Akkuma barreeffama kana olirra hubannu;wal dhabbii godinaa, looga, aadaa, hunda’etu mulata. Uummanni bifa aadda loogan, baakkan, sanyii w.kfn wal diddaa gidduu hawaasa kanaatti mulatee jira.

Wal dhabbii lamaffaan argamu immoo wal dhabbii nama dhuunfaa fi haawaasaati. Wal dhabbii kunis wal dhabbii Goobanaa fi uummata naannoo goobanaa jiraatu wajjiin godhedha .Goobanaa hojiin isaa barsiisaadha, nama beekumsa guddaa qabudhas uummaanni naannoo isa jiraatu sababii beekumsaa kabaja guddaa kennuf akkasumas barattoonni inni barssisuu hanga maqaa isaa kabajaafillee geedaraniruuf. Akkuma beekamu nama hojii barsiisummaa hojjetuuf namoonni waan gaarii irraa eeguu garuu Goobanaan wanta inni hojjetuuf wanti dubbatu tokkoo miti . Wanta naman godhaa jedhu keessatti of hinhirmatu, fakkenyaf ijoollee yeroo barsiisuu’’ wanta dubbadhu fudhaa malee wanta godhu hin godhinaa’’ jedha kana jechuun goobanaa amala taamboo aarsuu, araquee dhuguu fi mallaqa hin qusatu kun immoo sammuu barattoota isaaf raakko ta’era

Akkumas naamoonni naannoo isaa jiraatan Gobanaa ha kabajaniyyuu malee amala innii agarsiisuu kana hin jallatan. Kanaaf namoonni baayyee akka inni gocha kana dhiisuuf yeroo baayyee ni gorsu garuu inni itti qoosa .namoonni yeroo nama wanta gaarii dubbatturraa hojii gaarii irra eega.. garuu Gobanaan hojii isaaf dubbii wal fallaadha.

Goobanaan baarsiisaa baayoolloojiiidha.sababa gahumsa guddaa qabuf barattoonnii isaaf i isaa gidduu jaalala jira garuu Goobanaan baayoolloojii ha barsiisuu malee amaalli inni qabu barnoota inni baarsiisuu wajjin Wal hin simatu.kana jechuun baarsiisaaa baayoolloojjii siigaraa fi dhugaatii nama maccessuu hindhugu jechuudha. Kanaarra kan hafes macca'ee bakkee bulus ni jira kuni immoo barattoota sanaaf wal diddaa uumera akkasumas uummaata naannoo sana jiraatufi akkasuma.Jibba amala isaaf namoonni maalif kana goota jedhanii gorsu. Kun immoo wal diddaan jiraachuu agarsiisa.”

hunduu Aaraa fuunya fi afaan isaa keessaa bahu, haara, mana ctaa keessaa yeroo gannaa mana ho'isuuf aarsan kan arge hin wallalu hurrrii ji'a adooleessaa lafa hagugee kan fakkatuuhordofee deema. Froota isaaf ta'e namoonni isa beekan 'goobaa maalif tamboo xuuxa? Somba kees gubdaa? Jedhaanii yoo isa gaafatan 'sombamaal itti godharee? Mootummaa waaqalee adurreen somba nyaattu hin jrtu'' jechuun kofal chisee bira tara (fuula 28-29)

Akkuma yaada kanaa olii irra hubannu,Goobanaa amala hin barbaachifne qabachuu isaati. Beekumsa inni qabuf ha kabajaniyyuu malee amala hin barbaachifnee kanaaf diddaa qabu. sababisaa ijoollee fi hawaasa naannoo sanaa karaa hundumaan fakkeenya gaarijedhanii waan eeganiif. Walumaa galatti Dhimmi kun wal dhabbii hawaasa uumeera.

Wali dhabbiii inni sadaffaan wal diddaa hawaasa fi mootummaa Dargiiti Uummannii oromoo bara dhufaa fi darbaa hacuucaa mootummoota duraan rakkachaa tura. Qabeenyi inni qabuss dhabaa ture. Kana biratti immoo Afaan, aadaa, duudhhaaleefi wantoota kana fakkaatan miidhamaa turera.Garuu uummaannii oromoo uummata gara lafeesa utuu hin nyaatin kan nama nyaachisu fi jaalala hawaasa kamiyyuu kan qabudha. Garuu mootummaa garboonfataa uummaata keenya raakisaa turuun isaa ni yaadatama. Haaluma kanan bara mootummaa dargii miidhaan karaa mootummaa irraa gahaa turuun waan yaadatamuudha. Haata'uu malee, uummannii oromoos miidhaa kana of cabsuuuf yaaii godhaa ture. Yeroo mootummaan humnan dargaggoota akka meeshaatti saamee gara humna waarana isaatti geessaa ture, uumaanni immoo maalif kana goota jedhanii dura dhabbachaa turan. Haata'u malee dhorkuu hin danda'enyee. Garuu mormii uummata jira. Kun immoo wal dhabbii nakka jiru nuutti agarsiisa.

Cunqursaan mootummaan Dargii uummaata oromorrattii didee ammaate Ilmi dhiiraa haadha jalaa qabamee gara dirree warannaattii guramuun gara jabeenyaan iitti fufe. Haati Abdisaafaas osuma ba'uu fi galuu isaan ciinninsichaa jirtuu, loltoonnnni mootichaa dargii iiti nam'anii ijoollee ishee harkaa fuudhaanii deeman.. yeroo kana Goobanaan xiqqaa fi qaamaanis

huuq sababa ta'eef isa dhiisaaniiAbdisaa, Ebbisaa fi Ballaammii fudhatanii gara dirree waraannattii soka.

Akkuma yaada kanaa oliirraa hubannu,yeroo motummaan dargii bara mootummaa miidhaa guddaa uummata oromoo irraan gahaa ture argina. Keessumaa dargaggootaa irratti yakka guddaa rawwachaa akka ture hubanna . haali kuni immoo haawasa yeroo sana jiraataa turee fi mootummaa yeroo sanaa gidduu wal dhabbii uummeera. Sababisaa uummaannii waan ijoollee isaa dhabeef yummuu ta'uu, kan motummaa immoo rakko yeroo sana isa mudaatee miliquuf, humnaan qabee ijoollee isaanii gara dirree waraanatti waan ergaf. Wal dhabbiin gidduu isaatti uumame.

3.2.5 Wal dhabbii Nama fi Namaa

Wal iddaa kun asoosama kana keessatti issaa baayyee murteessadha. Wal diiddaan anamaa lama gidduuttii taasifamee asoosamaa kana keessaatti hedduudha. Garuu asoosama gara xumuraatti kan fidu fi seennaa asoosamichaaf gumaacha olaanaa kanqabu kan baacaa fi jaallaannee, Naataanaan fi Baacaaa Abdiissaa fi mootummaa ceehumsaa fi jaalanee fi ijoollee mana baruunsaa libaan maaccaati

3.2.5.1Baacaafi Jaalanee

Baacaa fi Jaalanee jaalallee waliiti. Baacaan Jaalanee argachuuf dhamaatii heduu keessa darbuun Jaalanee argattee jira. Hata'umalee Jaalanee gurbaa Naataanaan jedhamuu jaallattee turte garuu sababa hin beekanneen jaalallee kana dhabdee jirti.kan isheen jallaattus Naataanaan kanadha. Baacaan garuu utuun isheen hin beekin naataannaan ajjeessee jaallaannee immoo kan godhatee jira.Jaalanee garuu waan dhugaa baacaa jallattuu fakkaattee gumaa jaalallee isahee kan ta'e naataanaan baassuuf malee, Baacaa dhugaatti jaalaachuuf miti. Baacaan garuu wanta jaalanee naataanaan nama ajjeessee waan beektu Baaccaatti hin fakkaanne. Haaluma kanna baacaan jaalala sobaa wal jallachhu iitti fufan.guyyaa tokkoo manni murtii godinaa shawwaa lixaatti argamuu nama naataanaan ajjeessee raagaa sakatta'ee bira ga'e.Yummuu kana baacaa adaba jala oolchuuf poolisiin iyyafachuu jalqabee. Jaalanee duraaniyyuu dhoksitee,mana murtii deemtee dhimmii gumaa Naataanaan maalirra akka ga'ee ni hubatti turte.

Baacaan dhimmaa kan a jalla miliquuf fala qopheeffatee malaqa waraaisaa jalaa hatee Jaalanee fudhatee gara biyya abbaaissa duritti baduf karaarra bu'e.utuu achin magaalaa gudar jedhamu mana kireeffatanii achi bulan wal dhaabbiin duraan Baacaafi Naataannan gidduutti godhameen kan wal qabate iiti fufe.wal dhabbi kunis jaalanee iiti fufee.

Qaxxisa qocaa, calisa beeka, tooftaa gamnaa.....faayyidamtee suuta jechuun bira kaate koroojoo ishee keessaaa albee bbafattee, ilaaltee alaammatte ilkaan ciniinnaaffattee, oonnee jaabeeffaatee harka lamaniin garaa booyyeettii dhoftee, keessaa ba'ee sireetti dhidhme! Garaan baacaa shawwaan gizawu taklee"ahaaaaaa....." sagalee biraa hin dhageessine.[fuula 114]

Akkuma yaada kana arguu kanaa oloorraadanda.enyu, sababa haala innaaffaa jaalalaa kan Naataanaan fi Jaalannee gidduuttii innaaffaa kaase Baacaan. Haaluma kanaan wal dhabbiin gidduu isaattii uumaamee lubbbuu, Naataanaan harkaa Baacaan darbete. Jaalannee immoo kana haalkoo qabachuun jaalalala fakkaissitee lubbbuu baacaa dabarsite. Akkasitti wal dhsabbiin gidduu baacaa fi jaalannee gidduu raawwatame.

3.2.5.2 Naataanaan fi Baacaa

Baacaa fi Jaalannee jaalallee walitti. Garuu jaalannee gumaa jaalallee ishee kan ta'e Naataanaanif sobdee waan Baacaa jaallattuu faakkaattee, malee,wal dhabbi adeemsisaa jirti malee isheef jaalalaa miti. Baacaan sababa jaalala jaalanneef jedhee,utuu Jaalannee beekin dhoksee lubbbuu Naataanaan ajjeesse Jaalannee immoo sosobatee kan godhate jira. haala kanas waan jaalannee beektu iitti hin fakkaatu ture. Garuu Jaalannee dhimma kana hunda icciittii gootee beekti.

Baacaan mucaa gara laffeessa, hiyyuummaan guddattedha. Haala jiruu fi jireenya isaa foyyeefachhuf oli fi gadi kaate hojjeta.utuma kanan jiruu utuu beekin Mucaa maqaaishee jaalannee jedhamtus wal jaallatanis jiru.kan jaalala isaani gidduu jirus kan ajaabsiisuudha. Haaluma kana utuu wal jaallatanii innaaffaa jaalalaa hiriyyota isaan gidduudha karaa Baacaa uumame. Baacaan galgala fi ganama utuu hin jedhin hiriba dhabee dhiphate sababa jaalala Jaallanneef jedhe. Wal mormiin gidduu isaatti uumaatte. Baacaan haaloo Naataanaan qabatee, yeroo inni hojiidha gara manatti galaa jiru, dhokatee dhoksee ajjeese.Raaganis waa'ee lubbbuu Naatannanif dhibe

.... Magaalan Amboo naannoo ganda duwwaa ja'aatti sagaleen gurra nama seenuuriifasisuuf naasisuu of keessaa qaba. Kun ni waca. Kuun niyya.wal fiudhee bo'aa sagaleen iyyaa daran dabale. Nama qofa miti supheetu wajjin iyya. Hunduu ni fiiga kan niyya dirmattuu fi kan iyyee iyyisiisu walii hin beekamu. Kuuun ni boo.aa, suunis ni boo'a. qaama miidhe fi miidhame adda baasuun yeroo rakkisaa ture. Bakka hojii turee galgala galuuf osoo deemuu, karaattii eeggatanii ajjeessan! (fuula 103)

Akka kanaa olii irraa hubannuutti, sababa jaallalaf iitti inaafee Naataanaanin lubbbuu issaa harka baacaatti darbete. Kun wal dhabii agarsiisa.

3.2.5.3 Wal dhabbii Jaallaannee fi Ijoollee Mana Baruumsaa Liibaan Maccaa

Jaalanee fi Ijoolleen mana barumsaa liibaan maaccaa bana barumsaa tokkotti baratu. Jaalsanneen akka kan mana barumsaa sanaatti barattuu cimtuudha. Yeroo took garuu guyyaan barattoonni hojii wagaa tokoo hojjetan yookaan qabxii wagga tokkoo baruuf barattoonnii mana barumsaa Liibaa Maaccaa fi Jaalanneen dhiyyatannii jiru. Haaluma kanan Jaalanneen sababa marsaa lagu kan dubartoonnii ji'a ji'aan argan ishee mudate. Kanarraa kan ka'ee ;. Jaalanneen sodattee jeeqamte. Barattoonnii sunis jaalanneetti kolfan "kaatee deemuuf yoo jeettu barattoonnii duukaa ishee deemu iyyan isheetti kolfu. Ni woccu, qabu itti qabuun waliin isaanitti agarsiisu. Kun immoo caalumatti deemsa ishee dhowwe" (fuula 20)

Wal dhabbii kanarraa kan hubannuu, sababa Jaalanneetti xurii yokaanlaguun iiti fufef ijoolleen mana barumsaa isheen wajjin barattuu, kolfanittis wocan ishee immoo sodattee dhiphattee rafamte. Wal dhabbii kana keessatti ijoolleen sababa nama akkas ta'eb hin beekneef kolfanii boharuu barbaadu. Garuu isaheen kolfa kana jibbitee dhiphattee rafamte.haalli kunis ijoolleef tapha yummuu ta'uu Jaalanneef immoo soda fi naasuun isheetti ta'ee jira. Haala kana wal dhabbiin gidduu issanitti geggeffamee jira.

3.2.5.4 Wal dhabbii Abdiisaa fi Mootummaa Dargii

Abdiisaan waggota hedduuf bara mootummaa dargii biyya isaaf lolaa tureeradha. Rakkoowwan hedduu achitti dabarsee rakkoo beela dheebuu waantota garagaraa isa mudatan hudumaa injifatee utuu lubbuu isaa bal'aa rasasan hin darbin waranna kana keessatti hirmate.Utuu kaaan jiruu mootummaan dargii 1983ttii aan gorraa buqqifame.kana booda humnoonni mootummaa dargii aangoo rraa buqqisan; walii galtee dhaban. Yummuu kana abdiisaan utuu gara biyya abbaa fi hadhatti deebi'ee nagaan jiraatee barbada ture. Garuu mootummaan ceehumsaa yeroo sana immoo walii galtee waan dhabaaniif akka nagaan dhibamu ta'e . Abdiisaa waa'ee rakkina Itoophiyaa jibbee gara biyya Ameerikkaatti deeme".....Paartileen siyaasa yeroo sanaa walii galtee dhaban fincila walii walini eegalan. Abdiisaan mo'amuu mootummaa dargii booda gara maatii issatti deebi'uus ballammiii fi abdiisaan lolta dhaaba oromooti Dabalamanii motummaa ture waliin falmii eegalan"

Akkasitti mootummaan yeroo sanaa wajjin walitti b'isi gidduu baallammii fi abdissaatti geggeeffame.

3.2.5.5 Wal dhabbi maatii Obboo Guutuu Ariitii fi Mootummaa Dargii

Yeroo Sana mootummaan Dargii namoota humnaan qabee gara human warannattii ergaa ture. Yummuu kana Obboo Guutuu Ariitii immoo ijoollee daegaggoo human waranaaaf ta'an waan qabaniif baay'ee yaada'uu turan.

Yummuu kana mootummaan dargii humnaan qabee yoan dirqaman diqamsiisee obboo Guutuu duulattin erge. Haaluma kanaan Obboo Guutuun wal dhabbi mootummaa dargii wajjin geggesse.

Obboo Guutuun fi maatii isaa akka ijoolleen isaa mootummaa dargiif hin lillee ni barbaadu kana ka'e ni yaadda'u ni dhiphatus akkasumas human mootummaa dargii kana shin jallatan. Sababisaa maatii isaanii waan jallatani

*..... Cunqursaan mootummaa Dargii uummaata oromorraati didee ammaate.
Dhiirrii haadha jalaqabamee gara dirree waranaattii guuramuun gara
jabeenyaan iifufe Haati Abdiifaafaas osuma ba'uu fi galuttii isaanii
cininsifachaa jirtuu loltoonni mootichhaa gaarii iit nama'anii ijoollee harkaa
fudhanii deeman (fuula31)*

Bara mootummaa Dargii sababa dhiibbaan keessaa isatti hammaateef; ummaata oromoo dhala dhiiraa akka humna warannatti hirmaatuf dirqiisiisaa ture. Uummannii oromoo immoo dhiibbaa dhala isarra gahuuf kanaaf mormii mootummaa Dargii wajjiin geggeessaa ture. Mootummaan dargii immoo utuu garaa hin laafin humnaan ijoollee issanii fudhate gara waraannaatti geesse. Yummuu jibba qabu mul'isaa mootummichaanis mormaa ture. wa;l dhabbiin kunis kan uummata sanaa qofaa osoo hin taannee kan maatii obboo Guutuun Ariitiiti.

BOQONNAA AFUR

Argannoo, cuunfaa fi Yaada Furmaataa

4.1 A Rgannoo

Qaaceessa wal diiddaa asoosama Gumaa Galaate Kaayyoon boqonnaa araffaa waldiddaa asoosama gumaa gaalate keessa jiru qaaceessuudhadha. Qorannoo kun kan irratti xiyyffatte wal dhabbi asoosama dheeraa Gumaa Galaate keessatti kan mula'atanidha. Kunis kan hiikame akkaataa wal wal dhabbi seenaa asoosamichaa keessatti argaman tokkummaa, guddina amanamummaa isaanii maal akka faakkatanii fi furmaanni rakoo wal dhabbi maal akka faakkatu kan argasiisuudha. Qorannoo kun barattoota wal dhabbi asoosama kan ogbarruu oromoo irratti hojjetuuf jiraniif fakkenya ta'uu damnda'a jedheen yaada Asoosamni kun caacculee garaa garaa of keessaa qaba. Isaan keessaa muraasni:- Yoomessa, qooddattoota, ergaa, waldiddaafi kanneen kana fakkataniidha. Caacculee kanneen keessaa qorannoo kana keessatti waldiddaan asoosama dheeraa gumaa galaatee jedhuu xiinxalamee jira. Waldiddaan walitti bu'iinsa humnoota lama gidduutti taasifamuudh. Gosti wal dhabbi asoosamicha keessatti mul'atu wal dhabbi qooddataa fi qooddataa yokaan namaa fi namaa kan uumamuudha. Kuis qooddataan asoosamichaa yoroo baayyee qoodataa wal dhabbi walii mormii godha turan ibsseera. Sababaanisaa qooddataan asoosamichaa dhiibbaa sirnoota garaagaraa keessatti uummata isani irra ga'u ittisuuf qabsa'aniif ture. Karaa qooddataa wal dhabbi kanaan yoo ilaaltee qooddataan guddichi obbo gobaanaa fi Jaallannedha. Gobaanaan humnoota nama namanyatta sirna bulchisa-nsa dargii irratti qabsaa ture. Yeroo hnda kanni boqonna dhabuuf sababa obbolonni kan warri angafootasaa sirnamootumaa dargiin kan butamanii dirqamaa gara adda waraanaa deemanii fi saba iinni keessatii dhalate waa'ee uummata oromoo nama quqama gudda qbudha . kanarra ka'e sirnoota kannaa wajjin wal'aasoo qabaa ture. kana kan ka'ees utuu umuriisaa hin akka dullomee ta'e. Haaluma kana keessa utuma jiru niitii fuudhee mucaa maqqa ishee jaallaanee jedhamtu godhate issa boodas utuu umurrdhaan wagga dheeraahinjiraatis lubbuu isaa addunnya kanarraa darbe. Hata'uu 'uamalee mucaa akkuma isaa Wa'ee wal diddaa gara ishee nyaatu jaallannee jedhamtu bakkasaa buusee deeme. Jaallanneeni yammuu umurii ishee barnootaaf ga'utti barnootaa galte rakkowwan hedduu ishe mudataa tureera. Keesuma yammuu isheen jaalallee wajji walitti dhufanii jaalala eegalan mormii hedduu karaa qoddattotaa itti ka'aa tureera wal dhabbi as keessatti geggeeffamaa tures kan baayye namatti tolu madalawwa kan ta'edha. Akkuma ibsa oliirra keessatti tuqametti fakkeenya qooddattoonni Obboo Goobaanaa fi

Jaallannee yoo fudhannee ilaalle kunnen walitti hidhins wal dhabbi isaa wal dhabbiwwam seenaa asoosamichaa garagaraa keessa jiran waliin qoondomina jargochaa asoosamichaaf gumaacha kan taasiisanidha. Akkaataan ijaarsa asoosamichaafis fudhatama guddaa keenrra. Kana malees ilmi namaa jiraachuuf jecha gadda, gammachuu, dhiphinaafi rakkina adda addaa isa quunnamu mo'achuuf qooddataan sammuu isaa waliin, qooddataan qooddataa wajjiniifi qooddataan hawwaasa wajjin walitti bu'u kan uumamu ta'uun ibsameera. Isaan kanneen xiinxaluufis mala qorannoo akkamtaa fayyadamuudhaan qorataan kitaaba qorannoo irratti adeemsisaa jiru irra deddeebin dubbisuun ragaan kan qaaceffameedha.

4.2. Cuunfaa

Haaluma xiinxalli geggeeffameen, asoosamicha keessatti gosoota waldiddaa:-Waldiddaa qooddataafi sammuusaa gidduutti, qooddataafi qooddataa gidduuti akkasumas qooddataafi hawwaasa gidduutti taasifaman adda baafamaniiru.

Akkasumas uumamuu waldiddaa asoosamichaf sababa kanneen ta'an dinagdeefi siyaasa ta'uun isaa bira ga'amee jira.

Kana malees haalonni waldiddaan asoosamicha keessatti ittiin muul'atan:- haala waliin dubbii, yaadaafi fedhiin gargar ta'uutiin kan mullataniidha.

4.3. Yaada Furmaataa

Akka qorannoo kanaatti:

- Namoonni asoosama barreessuu barbaadan waldiddaa yeroo uuman bu'aa ba'ii jireenya keessatti waldiddaa qooddattoota guddaan uumaa fi akkasumas uumama biroo wajjiin taasisu utuu itti dabalani qopheessanii asoosamni isaan barreessan hawwataa ta'uu danda'a.
- Akkasumas barreessitoonni asoosama barreessuu keessatti sababoota waldiddaa qooddattoota gidduutti uumuu danda'an akka duubbistoonni haala salphaan bira ga'uu danda'anitti utuu dhiyeessanii gaarummaa qabachuu mala.

Wabiilee

Asafaa (2009) seenaa Oguma Oromoo far- east Tranding PLC

Ayyaanaa wwaqtolaa “ wal dhabbii asoosama Kuusaa gadoo fi dhamsa Abbaa ‘Barruu Eebbaa bachilar Artii guuttachuuf dhihaate, Yuunibarsiitii, Finfinnee,kan hinmaxxaffamne, waxxabajji,2011

Birhaanuu Mathews .(2009). Fundamental of literature. 2nd Edition Addis Ababa. AlphaPrinter PLC.

Edward Quin. **A dictionary of literature and thematic Terms**, New York, printed on PLC . 2009.

Haagaree Sobboqaa DHinsaa”xiinxala wal dhabbbii asoosama Abbaa hinqabu” hin maxxanfamne

Jaffet.H. Underrain and virgil scott **stundent in short story**,New York, American Book Company. 1996

Jaffet.H. Underrain and virgil scott **stundent in short story**,New York, American

Misgaanuu Gulummaa Irraanaa, **Yandoo, ogummaa fi Ogwalaloo oromoo**,Finfinnee,2012

Jaffet.H. Underrain and virgil scott **stundent in short story**,New York, American Book Company. 1996

Malakleh Mengistu **Fundanmetal of literature, Fourth Eddition** Univarsity press.1996